TALAALLII COVID-19

HAQOOTA JIRAN ARGADHAA.

TALAALLIIWWAN NAMA KAMIIFUU BILISA KENNAMU.

- Namni kamiyyuu yoo kaffaluu dadhabe talaallii dhorkamuu hin danda'u.
- Talaalliiwwan haala baqatummaa keessan yookan waraqaa eenyummaa yookan inshuraansii fayyaa qabaachuu fi dhabuu keessan irratti osoo hin hundaa'in namoota hundaaf bilisa.

Talaallichi akka isin COVID-19 dhan hin qabamne isin eega.

- Erga talaallamtanii boodas yoo COVID-19 dhan qabamtan ammoo, dhukkubni akka isinitti hin hammaanne isin gargaara.
- COVID-19 dhan qabamtanii turtanillee, ammas talaallamuu qabdu.
- Yeroo ulaagaa guuttan talaalliiwwan ittisa dabaloo fudhachuu dabalatee, talaalliiwwan COVID-19 keessan yeroo yeroon fudhadhaa.



Talaalliiwwan COVID-19 kan nageenyummaan isaanii mirkanaa'ee fi bu'a-qabeessodha. Talaallichi COVID-19 isin qabsiisuu HIN DANDA'U.

- COVID-19 dhan qabamuu irra, talaallicha fudhachuutu wayya.
- Namooti miliyoonotaan lakkaawwaman haala naga-qabeessa ta'een talaalamanii jiru.
- Seenaa U.S. keessatti talaallin biraa naga-qabeessummaa isaatif hammana hin qoratamne.
- Naga-qabeessummaan talaallichaa, qomoo garaa garaa, gosa garaagaraa fi umurii garaagaraa dabalatee, namoota kumaatama irratti mirkaneeffamee jira.
- Talaalliin COVID-19 DNA keessan hin jijjiiru.

NRC-RIM
National Resource Center for Refugees, Immigrants, and Migrants

13 Sep 2022

Odeeffannoo dabalataatif cdc.gov/coronavirus

MIIDHAWWAN MASOO WAAN BARATAMANIIDHA.

Miidhawwan masoo jechuun COVID-19 qabdu jechuu miti.

- Miidhawwan masoo jechuun talaallichi akkamitti akka COVID-19 dhan lolu qaama keessan barsiisaa jira jechuudha.
- Dhiibbaan masoo kan dabalachuu malan:
  - Waraansa yookin dhiita irree bakka talaallicha waraannamtan irratti.
  - Mataa dhukkubbii, qorrisiisuu yookin dhagna gubaa.
- Yoo fayyummaan isinitti hin dhagaahamne, haga fayyitanitti guyyaa muraasaf boqonnaa hojii fudhadhaa.
- Talaallii erga fudhattanii booda, alaarjikii kan hin qabne ta'uu keessan beekudhaaf daqiiqaa 15-30 turuu qabdu.

Talaalliiwwan COVID-19 dardarummaas ta'e dahuu danda'uu gara fuula duraa irratti dhiibbaa hin qaban.

Talaalliiwwan namoota gara fuula duraa daa'ima barbaadaniif akkasumas namoota ulfa ta'aniif yookan harma hoosisaniif naga-qabeessodha.

Talaalliiwwan kanneen armaan gadii HIN QABAN

- Waan tursiisuuf itti dabalame
- Hanqaaquu
- Wantota booyyee irraa argaman
- Jelaatinii
- Laateksii
- Vaayirasii COVID-19 lubbuudhan jiru kamiyyuu

Talaalliwwan keessan yeroo yeroodhaan fudhadhaa.

- Talaalliiwwan COVID-19 dhukkubbii hamaa, hospitaala ciisuu, fi du'a irraa nama eegu.
- Eegumsa olaanaa qabaachudhaaf, talaalliiwwan COVID-19 yeroo yeroodhaan fudhachuun barbaachisaa dha.
- Waqtaawaa ta'uu jechuun dooziwwan lamaan talaallii limmoo lamaa fudhachuu, fi sana booda talaallii ittisa dabalaa fudhachuuf ulaagaa guuttan kamiyyuu fudhachuu jechuudha.
- Yoo yeroo yeroon hin fudhanne ta'e, carraan COVID-19 dhan qabamuu, garmalee dhukkubsachuu yookan du'uu, akkasumas namoota birootti daddabarsuu keessan baay'ee guddaadha.

ERGA TALAALAMTANII BOODA NAGAA TA'AA.

Yeroo ammaa kanatti, ogeessoti talaalliin kuni yeroo hammamiitif akka isin irraa ittisu hin beekan. Erga talaallamtanii booda illee, kanneen armaan gadii ittuma fufaa:

haguuggii uffachuu.

fageenya eeggachuu.

Harka keessan yeroo yeroodhan dhiqachuu.

Iddoowwan tuttuqqaan itti baay'atu yeroo hunda qulqulleessuu.

NRC-RIM
National Resource Center for Refugees, Immigrants, and Migrants

Odeeffannoo dabalataatif cdc.gov/coronavirus